qaanqee@hotmail.com

Lakk. 20 Onkoloolessa, bara 2004

”Hennaa Dhugaan Dhara irratti Milkii Gonfattu
Hennaa isiin Golgaa Irraa Kolbatti baatee Akka Aduu Ganamaa Hangaatu
Qabsoon Bilisummaa Oromiyaa Afaan irraa gara tarkaanfitti
Of-ittisa Irraa Gara Haleellaatti Haa Ceetu!” jedha

Gurmuun Qaanqee Bosonaa.

Roorroo nyaapha hadhaawaa irratti dabalamee, dhibdee Qabsoo Bilisummaa Oromiyaa keessaa nyaatee yarse arguu dhaan Gurmuun Qaanqee Bosonaa qabsoo hadhooftu erga godhuu jalqabee ardhaa kunoo waggaa--4-qaxxaamuree jira. Barri Qaanqeen Bosonaa rakkoo fi diina dhaaba keessaa saaxiluu jalqabe sun baay’ee rakkisaa ture. Barri sun bara dharti dhugaa fakkaattu dhugaa saba Oromoo irratti ol-aantummaa gonfattee dhugaa isaa qal’ifte ture. Bara san keessa hogganoota ABO kanneen mirga yaada ofii walabummaan ibsachuu uggan sarbanii abbaa-irrummaatiin seeraa fi safu ummata Oromoo gubba taa’an qeequun caphana (taboo) callaa osoo hintayin yakka hiriyaa hinqabne ture.Barri sun bara diina fagoo jiru irratti quba akeekuu malee dhibdee fi laafinsa keessaa akeekuun ”yakkamaa, basaasa keessaa, yookaan maraataa” nama taasisa ture.

Kunoo bara sana keessa Gurmuun Qaanqee Bosonaa wareega fedhe gaafatu illee daddaaqinsa tokkoo malee rakkoo qabsoo bilisummaa Oromoo keessaan xaxee qabe ummata Oromootii fi sabboontota Oromootiif ifa baasuu jalqabe.Bara afuran darban sabboontotni Oromoo kanneen keessa ABO gadii-fageennaan hin beekne dhugaa Qaanqeen irratti cichaa ture tana ija mamiitiin laalaa turan. Lola qora-amalaati (psychology) fi olola maqaa-xureessii ka murnoota ajanda dhokataan deemaniin Qaanqee irratti oofamaa ture bira lufanii kanneen ifaajeen Qaanqee Bosonaa xiqqaattu illee dhugaa of-keessaa qabdi jedhe lakkoofsi isaa baay’ee xiqqaa ture. Akkuma Oromoon yoo maymaaku ”Dhugaan ni qali’atti malee hincaphxu ” jedhu san, dhugaan ummata keennaatii fi Qaanqee Bosonaa ni qal’atte malee hincaphne. Osoo oolee hin buliin, osoo baroota dheeroo hinlakkaawatiin dhibdeen garaa ABO keessatti ukkaamamee ture kulkulee dhooye. Hogganoonni maqaa ABOtiin aangoo irratti bayan kaayoo Bilisummaa Oromiyaa dhiisanii, heeraa, seera fi naamusa dhabichaa cabsanii, caasaa fi sirna jaarmayichaa fonqolchanii, tarsimoo bilisummaa faallessanii ABO maa’elatti fofottoy’sanii duula diina irratti godhamu gara duula aangoo keessatti deebi’san. Namni barreessamoota Qaanqeen Bosonaa yaroo yaroon baasaa ture jalqaba irraa kaasee hordofaa ture maqaa ABOtii fi maqaa Bilisummaa Oromiyaatiin dorgommiin aangoo maa’elootaatiif (cliques) godhamu eessaa ka’ee essa akka ga’e hubatuun isa hin dhibu.

Waggootiin dabra afuran baroota siyaasaa booruu mooraa qabsoo bilisummaa Oromiyaa faale xaliilchuuf qabsoo hadhooftuun itti godhamte. Hennaa amma keessa jiru kana waggoota afuran dabran

wajjiin wal-bira qabnee yoo madaallu henna dhugaan dhara irratti hinjifatnoo galmeessite bakka itti golgamtee kolbatti akka dumbul-booqaa boroo ganamaa hangaate jechuun ni dandayama. Gurmuun Qaanqee Bosonaa qabsaa'otaa fi sabboontota gara kutannaa dhuga saba Oromoo irratti cichaa turtaniin: "dhugaa teenna teessan ta dhara murnootaatiin ukkaamate ardha kunoo dukkana keessa gadi-baatee wayta hangaatu baga wajjiin argine" jedha.

Barri itti aanu ammoo bara Qabsoon Bilisummaa Oromiyaa gulantaa amma irratti argamtu kana irraa gara gulantaa ol-aanaatti tarkaanfattu, qabsaa'otaa fi saboontonni Oromoo qabsoo siyaasaa irraa gara tarkaanfiitti (action), of-ittisa irraa gara haleellaatti (transition from self-defence to strategic offence) ceyan tawuu qaba jedhee amana Qaanqeen Bosonaa.

Barri kuni, Kaayoo Walabummaa Oromiyaa kan nyaaphni dhaaba keessa ture buqqisee, kaayoo tokkummaa Impaayera Itoophiyaa jalatti deebisee, gaafii Bilisummaa Biyyaa gaafii dimokiraasiiti gadi-xiqqeessee fi dhimma aangoo murna tokkootti jijjiire fincilaa fi diddaa ummata Oromoo kolaasee gabrummaa jalatti si'a dhumaatiif jilbiimfachiisuuf qopheesse san hanqifnee bakka ganamaatti deebisuu nu gaafata. Barri kuni, bara tarsimoo siyaasaa waraanummaa bakkatti deebifnee ruufa hamilee haarawaatiin faayamnee, alaabaa seexaa qabsaa'otaatiin dabaalamnee, qabsoo afaanii irraa gara qabsoo hidhannootti, of-ittisa diina alaa fi keessaa irraa gara rukuttaatti tarkaanfannu tawuu qaba. Barri kuni, bara qabsaa'otaa fi sabboontonni Oromoo martuu/hundumtuu osoo daangaan jarmayaa, ilaalchaa, naannoo fi amantii wal-irraa isaan hin ittisiin, kaayoo walabummaa Oromiyaa jalatti gurmoofnee humnaa fi sagalee tokkoon roorroo diina keessaatii fi alaa irratti duullu tayee arguu qabna.

Hennaan ammaa kun hennaa ergamtoonni sirna gabroomfataa Habashaatii fi ayyaanlaallattoonni dhaaba keessaa harka wal-keessa naqatanii shira ummata Oromoo irratti xaxan tawuun isaa Conference maqaa ABO-tii fi ummata Oromoo tiin Onkoloolesa 27 irraa kaasee haga sadaasaa 1 bara 2004 magaala Bergen, Norway keessatti deemaa ture caalaa ragaan qabatamaan biraa hin jiru. Ergamaa gabroomfataa Itoophiyaa yookaan amanamaa murna jilbiimffataa kanaa yoo ta'e malee, namni gurraa fi ija qabu dhugaa kana hin waakkatu.

Si'a dhumaalessaatiif Qabsoo Bilisummaa Oromiyaatiif godhamu,ka dhiigni jagnoota herrega hin qabne itti dhangala'e, dhabamsiisuuf shira godhaa jiru hanqisuun ykn kukkisuun akka dandayamu Gurmuun Qaanqee Bosonaa tarkaanfii fi murtii armaa gadii fudhatee jira:

1. Teessumti maqaa ABO-tii fi ummata Oromoo tiin magaalaa Bergen, Norway, baatii Onkoloolessaa 27 irraa kaasee haga baatii sadaasaa 1 2004 godhamaa ture kan kaayoo Bilisummaa Oromiyaatiif godhamu kolaasee, hidhannoo hiikkachiisee, tarsimoo qabsoo hidhannoo balaaleffatee, tokkummaa Itoophiyaa fudhatee akka ummanni Oromoo jaarrota dhufaniif hadhaa gabrummaa waga'amee jiraatu qaadhame waan tayeef, Qaanqeen Bosonaa daddaaqinsa tokko malee hanga dhumaatti shira kana dura dhaabbata.

2. Maa'elli (faction) Shanee Gumii kan yaroo ammaa maqaa ABO tii fi ummata Oromoo tiin siyaasaa daldalatu ABO ille taye ummata Oromoo bakka hin bu'u. Murni kuni seera fi heera ABO tiin alatti murna-fottoqqee ijaaratee jaarmayaa fi caasaa ABO buqqisee waan aangoo yaabeef, eeyyataa fi sagalee ummata Oromoo akkanumas deeggersa miseensa wayyabaa hin qabu. Kanaafuu, maa'elli kunis ta'ee

sochii fi murtiin inni maqaa ABO tii fi ummata Oromootiin godhu Gurmuu Qaanqee Bosonaa biratti fudhaatama tokko illee hin qabu. Maa'ela farra qabsoo Bilisummaa Oromiyaa taye kana diiguu malee karaan itti fooyyeffamu ammatti hin mul'atuu jetnee amanna.

3. Maa'elli kun murtii jilbiiffachiiftuu fi hidhannoo- hiikkachiiftu magaalaa Bergen-tti dabarsate maqaa kora sabaatiin raggaasisuuf Koree Qindeessituu Kora sabaa kittillayoota isaa keessaa dhiyeenna kana moggaafatuu isaattu mul'ata. Akka Oromoon maymaakutti "jibichi korma tawu haada irratti beeysisa". Kora kana taa'anii itti-baani isaa yoo murna sammuun isaa booji'amte kana aangoo irraatti jabeessuu fi shira inni Qabsoo Bilisummaa Oromomiyaa irraatti guduumfaa jiru kana fiixa-baasuu taye malee furmaatni waaraan rakkoo Oromoo furu ni dhufa jedhanii yaaduun of-gowwoomsuu dha. Yoo namoota murna kana wajjiin kufuuf of-qaadhimaan taye malee qabsaa'onni dhugaa kora maa'ela kanaan waamamu akka lagatan Qaanqeen Bosonaa waamicha dhiyeessa.

4. Kaayoo 'ummata bilisaan, biyya walabaa keessatti mootummaa birmaduu dimokiraatawaa ripaablikii Oromiyaa ijaaruu' jedhu galmaan gawuuf hidhannoo keenna jabeeffachuu malee filmaanni biraa waan hin jireef, Gurmuun Qaanqee Bosonaa tarsimoo siyaasaa waraanummaa fiixa-baasuuf irratti hojjata.

5. Kiyyoo gabrummaa cabsinee Oromiyaa walaboosuuf tokkummaan ummata Oromootii fi irreen qabsaa'ota bilisummaa Oromiyaa yoom iyyuu caalaa ardha murteessaa dha.Kanaafuu, qabsaa'otaa fi sabboontonni Oromiyaa osoo timjiin jaarmaayaa, addaa addummaan naannoo, amantii kkf gargar hin ittisin Kaayoo Bilisummaa Oromiyaa jalatti akka walitti dhufnu Qaanqeen Bosonaa irra deebi'ee waamicha dabarsa. Hennaa ammaa, jaarmayaan walabaan kaayoo Bilisummaa Oromiyaa qabatee, murnootaa fi namoota hidhannoo ummata Oromoo hiikkachiisuuf farrisan irraa qulqullaayee, rakkoolee ummata Oromoo mudatan kophaa isaatti injifatee ol-bawuu danda'u ULFO illee dabalatee hin jiru. Yaroo ammaa tana ULFO-n mataa isaattu harka murna jilbiifataa fi hidhanno-hiikkachiisaa keessatti waan galeef abdiin ummata Oromoo hogganee walabummaan gaya jedhu raawwataa jira. Yaroo ammaa, ilaalchi jarmayaan Oromo kun "sana irra wayyaa qaba" jedhu nama hin amansiisuu. Kanaafuu, tokkummaa jumlaa jaarmayootaatiin rakkoo mooraa bilisummaa Oromiyaa mudate furuu haalli dandaasisu hin mul'atu. Karaan jiru qabsaa'onni jaarmaya kam iyyuu keessa jiran daangaa dharaa ka isaan wal-irraa ittisaa ture cabsanii Adda Tokkummaa Qabsaa'ota Oromiyaa tolfataanii kaayoo Bilisummaa Oromiyaa bakkaan gawuu kan jedhu tawuu isaa Qaanqeen cimsee itti amana. Amantii irra dabree akka hujii irra oolu fardeeffatee fi marxifatee hojjata.

6. Ummanni Oromoo ammaa achi qabsaawaa taa'ee afaan callaan dhawwaaqu gurra ittiin dhageeffatu hin qabu. Hennaan ammaa hennaa dhugaan dhara irratti ol-aantummaa argate, kan haalli Qabsoo Bilisummaa Oromiyaa shaffisiisee boruu xalilche waan dhalateef qabsoo siyaasaa wal-faana gara tarkaanfii qabatamaatti, of-ittisa diina alaatii fi nyaapha keessaa irraa gara haleellaatti haa ceenuu jetna. Ammaa achi kan nu tokkoomsu waan afaaniin dubbatnu callaa osoo hin tayin madaalli keenna tarkaanfii qabatamaa fi hujii mul'ataa haa tawu jedha Gurmuun Qaanqee Bosonaa.

Jilbiiffattuumma fi hidhanno-hiikkachiftummaa irree qabsaa'otaatiin maseensina!
Oromiyaa qabsoo teennaan walaboomsina!
Of-ittisa irraa gara haleellaatti ceena!

Gurmuu Qaanqee Bosonaa